KAROORA SPRWS LEDII IRRAA BILISAA

# ADEEMSA UJUMMOO TAJAAJILA LEDII JIJJIIRUU

**Jijjiirraa DURA / YEROO / Fi ERGA JIJJIIRAMEE BOODA Maaltu Akka Eegamu**

## JIJJIIRRAA DURA

*GORSA ABBAA QABEENYAAF: Tarkaanfiiwwan ijoo akka isin jalaa hin dabarreef, bakka duwwaa kutaalee raawwataman agarsiisan kana irratti mallattoo godhaa.*

○ **Unka(foormii) Fedhii Galchuu**
Yoo bara kana jijjiirraa ujummoo tajaajilaatiif ulaagaa guuttan, unka fedhii galchuuf tarkaanfiiwwan weebsaayitii keenya irratti argaman hordofaa:

*stpaul.gov/ServiceMaterialMap*

○ **Waliigaltee Mallatteessuu**
Erga Unka Fedhii galchitaniin booda, Waliigaltee Bakka Buusinsaa isiniif ergama; kunis karaa elektirooniksii ykn poostaan isiniif ergamuu danda'a.

Guutaatii, mallatteessaatii, deebisaa nuuf ergaa.

○ **Qorannoo (Inispeekshinii) Bakka Buusiin Duraa Qabeenya Keessan Irratti Raawwatamuuf Beellama Qabadhaa**
Gareen keenya beellama walga'ii gabaabaa qabachuuf isin quunnamu. Isinis bakka lakkaawwiin bishaanii (meetirii) jiru qulqulleessuun akka natti dhiyaannuuf karaa nuuf banuu qabdu.

## YEROO JIJJIIRRAA


SADARKAAWWAN HOJII

**Qotuu**
Ujummoolee kana galchuuf, hojjettoonni iddoowwan xixinnoo 3-4 ni qotu: tokko kutaa lafa jalaa (basement) keessa, tokko karaa gubbaa, tokko sarara karaa fi manna gidduu akkasumas tarii tokko naannoo mana keessan duraa irratti.*

**Jijjiirraa**
Ujummoon tajaajila ledii (lead) sun ujummoo kopparitiin jijjiirama. Ujummoon kun ujummoo bishaanii guddaa daandii keessa jiru fi lakkaawwii bishaanii (meetirii) mana keessanii walitti quunnamsiisa.

**Qorannoo Ujummoo Haaraa**
Nuujjiin ujummoo haaraa sana ni qorra; akkasumas kosii fi dhuunka'aa ledii keessaa baasuuf bishaan keessa yaasna.

**Supha Yeroo Gabaabaa**
Boyiin(boolli) marga keessaa fi karaa irratti qotaman nageenyaaf jecha yeroo gabaabaaf ni duuchamu; kunis suphaa dhumaa dura biyyoon akka gadi lallaafatu godha.




*Miidhaa bareechina naannoo fi qabeenya keessan irratti ga'u xiunneessuuf hamma danda'ame carraaqqii ni taasifna.


## YEROO JIJJIIRRAA

*GORSA ABBAA MANAAF: Tarkaanfiiwwan murteessoo akka isin hin dabarreef, bakka duwwaa kanatti mallattoo gochuun hojiiwwan raawwataman hordofaa.*




### ◯ Calattoo Boombaa Baasii

Erga ujummoon tajaajilaa jijjiiramee fi bishaan gara mana keessaniitti deebi'ee booda, calaltuuwwan afaan boombaa fi uujummoo bishaan ittiin dhiqattan hunda irraa furaa kaasaa. Calaltuun yeroo baay'ee fiixee boombaa irratti kan argamu yoo ta'u, naannessuun hiikamee kan ka'uudha.




### ◯ Mana Gutummaa Keessaa Dhangalaasuu

Erga calaltoo afaan boombichaa fi mataa uujummoo dhiqata qaamaa (shaaworii) hunda kaastanii booda, yeroon ujummoolee bishaanii itti dhangalaasan ga'ee jira:

1. Boombaa kutaa mana keessanii isa gadii jiruu irra jalqabaa, sana booda gara kutaa oliitti deemuun, boombaa bishaan qabbaneessaa mana keessan keessa jiru hunda banaa (mana dhiqannaa hin dagatinaa).
2. **Bishaan sun daqiiqaa 30f akka yaa'uuf dhiisaa.**
3. Ergasii, boombaa kutaa mana keessanii isa gadii irraa jalqabuun hanga isa oliitti deemuun cufaa.


### ◯ Qulqulleessuu

Kosii afaan boombaa fi uujummoo shawaaraa keessatti kuufame kamiyyuu qulqulleessaa. Calaltoo afaan boombaa daqiiqaa 5f vinigaara (vinegar) keessa cuupanii tursiisaa, sana booda calaltoo fi uujummoo shawaaraa deebisanii hidhaa.

## GUYYOOTA 30'N ITTI AANANIIF

### ◯ Dhaabbatan Dhagalaasuun Qulleessuu

Ganama kallaattii bishaan dhuguu ykn ittiin nyaata bilcheessuu keessaniin dura, bishaan qabbaneessaa ujummoo mana keessanii keessa jiru daqiiqaa 5f yaasaa. Akkasumas, yeroo dheeraaf bishaan utuu hin fayyadamin yoo turtan tarkaanfii kana raawwadha.




**Yaadadhu:**
Summii ledii (lead) taankii bishaan ho'isu keessatti hafuu danda'u hir'isuuf, yeroo hunda bishaan dhugaatiif, nyaata bilcheessuuf, fi soorata daa'immanii (foormula) qopheessuuf bishaan qabbaneessaa boombaa keessa maddu fayyadamaa.

## JI'OOTA 3-6 ITTI AANANIIF

**SADARKAALEE XUMURAA**

### Haaromsa Waaraa

Hojjettoonni ijaarsaa erga hojii xumuranii booda, ji'oota 4 keessatti deebi'uun boolla mooraa keessan, daandii miillaa fi karaa konkolaataa irratti qotame deebisanii akkuma duraan turetti isiniif sirreessu.

### Qorannoo Ledii

Ujummoon tajaajila bishaania erga jijjiiramee ji'oota 3 hanga 6 booda, hamma summii ledii bishaan keessa jiru qorachuuf qorannoo naamunaa bishaania tola isiniif ragaasifna.



**XUMURA**

### Calaltuu Bishaanii



Eejjansiin Eegumsa Naannoo (EPA) ujummoon tajaajila ledii erga jijjiiramee booda, ji'oota 6f calaltuu bishaani kan mirkanaa'e (NSF/ANSI 53 certified) ta'e akka fayyadamtan gorsa.

## Nu Qunnamaa

651-266-6820

lead@stpaul.gov

stpaul.gov/lead-free

Odeeffannoo dabalataaf, garee 'Lead Free SPRWS' lakkoofsa bilbilaa 651-266-6820 irratti quunnamaa. Isaan nama hiika afaanii (translator) isiniif mijeessu.

Kom paub cov ntaub ntawv ntau ntxiv, tiv tauj Lead Free SPRWS pab pawg ntawm 651-266-6820. Yuav muaj ib tus kws txhais lus rau koj.

Si aad u hesho macluumaad dheeraad, la xiriir Barnaamijka SPRWS ee 651-266-6820. Iyaga ayaa turjubaan la imanaya.